Sahaabota koo hin arrabsinaa, tokkoon keessan osoo worqii hanga gaara uhud ga'u saddaqateellee, muddii tokkoo isaanii hin ga'u, wolakkaa isaatuu hin ga'u

Abuu Sa'iid Al-khudrii irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Sahaabota koo hin arrabsinaa, tokkoon keessan osoo worqii hanga gaara uhud ga'u saddaqateellee, muddii tokkoo isaanii hin ga'u, wolakkaa isaatuu hin ga'u».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sahaabota arrabsuu irraa dhoorgani, keessattuu muhaajirootaa fi ansaarota irraa durabuutota jalqabaa; akkasumas namni tokko osoo worqii hanga gaara uhud ga'u saddaqatee, mindaan isaa hanga mindaa sahaabaan tokko nyaata muddii tokko yookaan wolakkaa isaa saddaqatuu akka hin geenye himani, -muddiin tokko guutuu ganaa lameen nama giddu galeessa ta'eeti-; mindaan sahaabaa kan adda wanti ta'eef ikhlaasni isaanii irra dabalaa ta'uu, niyyaan isaanii dhugaa ta'uu fi yeroo haajaan jabaan jiru fathii makkaatiin duratti kennaa fi qabsoo keessatti dura bu'oo ta'uu isaaniitiifi.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/11000